
# Sardiidoofi Kuruphee

Afaan Oromoo

Kutaa 2

Leveled



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen Dhabbata 'Save the Children' fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa'ee kan maxxanfamedha.


Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

# Sardiidoofi Kuruphee

| Afaan Oromoo | Kutaa 2 | Leveled |
|---|---|---|



## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.

- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.

- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.

- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.


## Gaaffii dubbisuun duraa

1. Naannawa keetti bineensota maalfaatuu argama?
2. Kurupheefi sardiidoo keessaa kamtuu caalaa fiiga?



Sardiidoon kuruphee rimaa
arge.


Sardiidoon kuruphittii
nyaachuuf kajeele.
Sardiidoon gara kuruphee
rimaatti fiige.



Kurupheenis sardiidoo argitee sodaatte.


Yeroo sardiidoon itti fiigu kuruphee jalaa ba'uuf ka'atte.

Kurupheen sardiidoo harkaa baate.




Kurupheen muka jalatti ilmoo dhalte.

Bineensi akka jalaa hin nyaanneef yeroo hunda ilmoo ishee eegdi.
Ilmoon kurupheefi haati ishii sardiidoo argan.




Sardiidoonis kurupheefi ilmoo ishii arge.


Ilmoo kuruphittii qabachuu barbaade.
Sardiidoon gara haadhaafi ilmoo kurupheetti fiige.



Ilmoon kuruphee dugda
haadhaa korte.
Kurupheen ilmoo baatte.
Kurupheen ilmoo ishee
baattee nifiigde.




Sardiidoonis kuruphee duukaa fiige.
Sardiidoon saffisa cimaa isaatiin fiige.
Sardiidoon kuruphee bira ga'e.




Kurupheen baay’ee dadhabde. Ilmoon ishees baay’ee naate. Haati ishii immoo baadaattee fiigde.




Allaattiin ilmoo kuruphee haadharraa bute.
Allaattiin samii keessa balali'e.
Ilmoon kuruphee allaattii waliin balaliite.




Haati kuruphittiis samii
keessa ilaalte.
Ilmoo ishee hordofte.
Kanumaan fiigichoo itti fufte.



Allaattiin ilmoo kuruphee
tulluurraa buuse.
Ofii isaatiis bira qubate.
Bineensa biroos irraa eege.



Kurupheen fiigdee tulluurra baate.
Kurupheen Tulluurratti allattichaafi ilmoo ishee argatte.
Kurupheen allaattii galateefatte.



Sardiidoon garmalee aare.

Sardiidoon allaattii abaarte.

Sardiidoon ofduuba deebi’e.

## Gaaffii dubbisuun boodaa

1. Kan kuruphee ari'e eenyu?

2. Kurupheen eessatti dhalte

3. Ilmoo kuruphee kan qabate eenyu?